


AKKAMIIN AKKA BARAKIINAA (BLEACH) DHIQANNAA GARGAARAMAN

Barakiinaan dhiqannaa baakteriyaa gogaa qaamaa irra jiru hir'isuuf waan gargaaruuf hooqxoodhaan (eczema) gogaan qaamaa akka hin madoofne taasisa. Barakiinaa (Bleach) qaamaa daa'immanii fi ijoollee hooqxoo (eczema) gogaa qaama isaaniif qabaa gaarii godhuufiif gargaarsa.


Kan si barbaachisu:

- Qodaa golboo (Gaandaa) itti dhiqannaa (Bath tub)
- Bishaan – ho'inni 30°C kan hin caalle
- Qodaa bishaanii (household bucket) 10L baatu
- Barakiinaa (Bleach) White King foolii hin qabne mana keessatti itti gargaaraman – bishaan litirii 10tti mililitirii 12 (12ml)

- Zayita dhiqannaa qaamaa – dhiqannaa al takkaatti qadaaddii isaa 1-2 yoo akkasitti ajajame taheef
- Ashaboo korata ykn daakamaa – 1/3 shinii bishaan litirii 10 dabalama yoo akkasitti ajajame ta'eef




Osoo hin jalqabin, harka kee dhiqadhuu qoorsadhu ykn gogsi.



Qodaa itti dhiqannaa (bath) hamma safara isaatti bishaan itti guuti, qodaa litirii 10 baatu akka safartuutti yoo gargaaramte bishaan hangam akka itti dabaluu qabdu ni beekta.


TIP
Safara qodaa bishaanii mallattoo irraa hin badne itti dibuu ykn waan cimaa itti qabatu itti maruu si barbaachisa taha akkasitti al tokko yoo safarte yeroo biroos itti gargaaramuu dandeessa.



Bishaan ittiin dhiqannaa litirii 10tti barakiinaa (bleach) mililitirii 12 itti naqi (dhiqannaa walakkaa qaamaaf barakiinaa 1/4 (harka afur keessaa tokko) itti naqxa. Yoo ajajame ta'eef ashaboo fi zayita dhiqannaa qaamaa itti dabali.



Ashaboo shinii 1/3 (harka sadii keessaa tokko) bishaan dhiqannaatti naqi.




Mucaa kee fuulaa dhiquu fi mataa miicuuf gandaa (bath) bakka dhiqannaa keessatti dhiqi, bishaan akka ijatti hin naqame irraa eegi.




Zayita dhiqannaa qaamaa qadaaddii isaa 1-2 itti naqi.



Yoo gogaan qaama mucaa kee hoqxoo madaa'ee (eczema sores) fi qononyaa (gogaa qaamaa madaa'ee goggoge) qabaate naannoo isaa suuta jedhii qulqulleessi, gogsii irraa haxaahi ykn irraa kaasi.



Erga mucaa kee qulqulleessiteen booda bakka dhiqannaa barakiinaa (bleach bath) keessaa baasii – erga achi keessaa baastee booda bishaan itti naqxee irraa hin dhiqin. Mucaa kee fooxaa qaamaa itti marii bishaanicha irraa gogsi.



Kan gogaa irratti diban (topical steroids) fi ittiin laaffisan (moisturisers) akka doktorri fayyaa ykn neersiin si ajananitti itti dibi.